# Iyyannaa Waraqaa Filannoo Guyyaa Filmaataatti Utuu Achitti Hin Argamin Filan Minnesootaa 2020

**Karaa onlaanii http://www.mnvotes.org aiyyannaa kee galchi** *-ykn-*

**unkaa kana toora 1 hanga 8 guuti. Hadaraa akka dubbifamutti qulleessii katabi.**

Iyyannoo kana haga danda'ametti hatatamaan deebisi ergi. Waraqaan Filannoo lakka'amuuf guyyaa filmaataatti deebi'uu qaba.

**Barbaachisaa:** Loltuun jiruu irra jiruuf warri biyya hanbaa jiran filtuun iyyannaa kanatti dhimmi ba'uu hin danda'an. Odeeffannoo dabalataaf duuba kanaa ilaali.

**1.** iyyanna waraqaa filannoo guyyaa filmaataatti utuu achitti hin argamin filan kan inni gaafatamuu danda'u filmaatta Kanaan gadditti jiraniif *(yoo filannoon mallatoo itti hin godhamne, waraqaan filannoo filmaata itti aanuuf ergama)*

- filmaata dursaa fi waliigalaa (8/11 & 11/3)
- ka dursaa qofa (8/11)
- ka waliigalaa qofa (11/3)

**2.**

| maqaa dhumaa ykn maati | maqaa dursaa | maqaa gidduu | eegee |
|---|---|---|---|
| | | | |

**3.**

| guyyaa dhalootaa (ji'a/guyyaa/bara) | kaawontii keessa jiraatu | lakkoobsa bilbilaa |
|---|---|---|
| | | - - |

teessoo imeelii

**4.** saanduuqa si ilaalatu hundaa tuqqi:

- Heeyyama konkolaataa ittiin oofan MN irraa ykn Waraqaa eenyummaa MN. Lakkoobsi isaa:
- Lakkoobsa sooshal sakuuritii qaba. Lakkoobsa dhumaa arfan sooshal sakuuritii: XXX-XX-
- Heeyyama konkolaataa ittiin oofan MN irraa, ykn lakkoobsa waraqaa eenyummaa MN ykn lakkoobsa sooshal sakuuritii hin qabu.

Lakkoobsi waraqaa eenyummaa kee isa poostaa filannoo bakka filmaataatti hin argamin filanirra jiruun wal bira qabamee ilaalama.

**5.**

| teessoo eessa akka jiraatu (bakka jireenyaa) | lkk apartaammaa | magalaa | | ziip koodii |
|---|---|---|---|---|
| | | | MN | |

**6.**

| teessoo eessatti akka waraqaan filannoo bakka filmaataatti hin argamin filan itti ergamu | lkk apartaammaa | magalaa | mootummaa | ziip koodii |
|---|---|---|---|---|
| | | | | |

**7.** Ani nan merkanneessa akka ani:

- iyyannaa kana ofii koof guutaa akkan jiru;
- yoo xiqqaate guyyaa filannoo umuriin koo 18 akka ta'u;
- ani lammii U.S ti;
- Guyyaa 20 guyyaa filmaataa dursee jiraata Minnesootaati;
- teessoo jireenyaa kee isa bakka unkaa irratti galmeesite keessa ta'uu qaba;
- ani mirga filuu koo kan mulqu tiksa mana seeraan murteeffame jala hin jiru;
- mana seeraatiin fuula seeraa duratti filuuf ga'eessa miti hin jedhamne;
- mirga filuu qaba sababni isaas yakkaan himatamee natti murtaa'ee, adabbiin koo yeroon isaa darbeera (xumurameera) ykn addabii koo irraa bilisa ba'eera; fi
- jecha katabame kana dubbisee hubadheera. Odeeffannoo kanaa olii kun sirriidha akkasumas isa kana mirkaneesuuf nan mallateessa, yoo dhugaa hin taane kennuun yakka hidhaa waggaa 5 ol hin taanneen nama adabsiisu, hidhamuu, ykn adabbi horrii (maalaqa) $10,000 ol hin taane ykn lachuu

**asitti mallatteesi: X**________________________________ **guyyaa:** _____/_____/_____

**Qajeelfamma addaa warra hirina qaamaa qaban ykn filaniif**

official use only

| | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Primary → ☐ reg ☐ non-reg | received date | ballot issued date | initials | type M C HCF | reason replaced ☐ rejected ☐ lost ☐ spoiled ☐ never received | repl. date: | precinct |
| General → ☐ reg ☐ non-reg | received date | ballot issued date | initials | type M C HCF | reason replaced ☐ rejected ☐ lost ☐ spoiled ☐ never received | repl. date: | school district |

## Iyyannaa kana hatatamaan deebisii ergi:

**Iyyannaa kana eesatti deebisanii akka ergan**
Isa kana waajira filannoo ganda keetitti deebisuu qabda. Yoo Kanaan olitti hin kaa'amne ta'e, odeeffannoon akkataa qondala filmaataa ganda kee itti quunnamtu "Guuboo Qondaalota Filmaataa" http://www.mnvotes.org irra ilaali.

**Filmaata Iyanna Waraqaa Filannoo Guyyaa Filmaataatti Utuu Achitti Hin Argamin Filan deebisanii ergan**
Mootummaa walii galaa, mootummaa ykn filmaata kaawontiif iyyanna waraqaa filannoo guyyaa filmaataatti utuu achitti hin argamin filan karaa http://www.mnvotes.org ergi. –Ykn- iyyanna waraqaa filannoo guyyaa filmaataatti utuu achitti hin argamin filan karaa mana poostaa,faaksiin ykn iskaanii godhiiti imeeliitti qabsiisi ergi.

**Waraqaan filannoo kee yoom ergamuu qaba**
Iyyanna waraqaa filannoo guyyaa filmaataa utuu achitti hin argamin filan kee yoo xiqqaate guyyaa filmaataa dura guyyaa 46 (inni kun filmaata magaalaa ji'a Bitootessaa keessa ta'uuf waanti kanaaf barbaachisu guyyaa 30 filmaata dursee) dursee ergamuu qaba. Guyyaa kana booda iyyatte yoo ta'e, waraqaan filmaataa kee yeroo iyyanaan kee ga'u ergama. Yoo waraqaan filannoo si hin qaqabne qondaala filannoo ganda kee quunami. Iyyannaan waraqaa filannoo guyyaa filmaataatti utuu achitti hin argamin filan haala inni irra jiru hubachuuf, http://www.mnvotes.org ilaali.

**Hubachiisa Icitii Eeguu**
Guyyaa dhaloota keetii, teessoo imeelii, fi lakkoobsii ID kamiyyuu ati kennitu (heeyyama konkolaataa ittiin oofan kan Minnesota, waraqaa eenyummaa mootummaa irraa ykn lkkoobsa dhumaa arfan kan sooshal sakuritii) Icitii ti qabama. Qondaaltota filmaataa fi dhabilee mootummaa hayyami kenameef qofaatu odeeffannoo kana arguu danda'a ta'a.

Qondaaloti filmaataa Guyyaa dhalootaa kee isa sirrii fi lakkoobsa ID keen eenyummaa kee Kutaa Nageenya Uumataa Minnesotaa ykn Bulchiinsa Soshal Sakuritiin walbira qabanii mirkaneessu. Yoo waraqaa eenymmaa qabaatee kennuu didde, iyyannaan kee guutu hin ta'u akkasumas akka ati akka haaraati gaafatu taasifamuu ni danda'a ykn utuu hin filin dursa ragaa jiraata ta'u kee agarsiisuu qabda.

Qondaaloti filmaataa imeelii kee kan isaan si gaafataniif iyyannaa kee ilaalchisee si quunnamuuf. Akkasumas, Waajjiri Barreessaa Mootummaa waa'ee filuu fi filmaataa, ykn yaada uumataa filuu fi filmaataa irratti gaafachuuf imeelii si erguu danda'u taa (ykn bifa biraan si quunnamu).

Qondaaloti filmaataa kan isaan ID kee si gaafataniif nammi filmaata filuuf jedhu fi nammi filuuf galmaa'e tokko ta'uu isaa mirkaneefachhuf.Yoo lakkoobsa ID qabaatee kennuu didde, iyyanna waraqaa filannoo guyyaa filmaataatti utuu achitti hin argamin filan akka hin fudhatama hin qabaane godhamuu ni danda'ama, akkasumas haala iyyanaan waraqaa filannoo guyyaa filmaataatti utuu achitti hin argmin filan kee maal irra akka jiru karaa onlanii ilaaluu hin dandeesu.

Iyyannaa kee irratti waanti galma'ee biraan hunduu oggaa filmaataaf, siyaasa, seera eegsisuuf ykn warra juurii filuuf dhimmi itti bahamu dhokksaa hin qabu. Yoo odeeffannoo kee kana eegannaa keef jecha akka 1-877-600-8683.

**Waraqaa filannoo eenyutu gaafachuu danda'a**
Nammi mata mataan gaafachuu qaba. . Iyyannaan waraqaa filannoo guyyaa filmaataatti utuu achitti hin argamin filan irratti waan dhugaa hin taane guutuun, seera ala karaa ta'een filuu yaaluun, ykn name biraan seeraan alatti akka inni filu gargaruun yakka.

**Yoo filuudhaaf hin galmoofne ta'e**
Yoo bakka seeran jiraatu teessoo kennitetti hin galmoofne ta'e, waraqaa iyyannoo filuuf ittin galma'an waan waraqaa filannoof barbaachisan waliin siif ergama.

**Odeeffannoo loltuun jiruu irra jiruuf warri biyya hambaa jiran filtuun**
Yoo sababa ati ykn maatiin kee jiruu loltummaa ykn biyya hambaa fi/ykn daangaa "United States" ala jiraate, iyyanaa kannatti dhimmi hin ba'in. Yoo kardii iyyannaa federaalaatti dhimma baa'uu barbaade eegumsa addaa argachuu dandeessa. Odeeffaanoo dablataa fi karaa online iyyachuuf http://www.mnvotes.org ilaali.

**Yoo hirina qaamaa qabaate filmaata ati qabdu**
Yoofeete:

- Iyyanaa kana ofii kee mallatteessi.
- Ofii kee mallattoo godhi, ykn.
- Bakka ati jirtutti akka name biraan si mallatteessu gaafadhu. (Akka name kun maqaa isanii mallatteessan godhi.)
- Yoo bakka mallatteessuu mallattoo chaaphaati dhimma baata ta'e, mallattoo chaphaati dhimmi ba'uu ni dandeesa ykn name kun chaphaa mallattoo keeti akka inni bakka ati jirtutti dhimmi itti ba'u gaafadhu. (*Seera Minnesota*, kutaa 645.44, kutaa xiqqaa 14 ilaali)

**Odeeffannoo bakka bu'iinsaa (wakkiila)**
Filmaati bakka bu'iinsaan (wakkiilaan) hin ta'u. Bakka bu'iinsi/wakkiili waa'ee dhimmi qabeenya qofa ilaalata. Bakka bu'iinsi (wakkiila) qabu akka kanaan ollitti caqasame, bakka ati jirtu qofaati mallatteessuu danda'a. (*Seera Minnesota*, kutaa 523.24, kutaa xiqqaa 15 ilaali)